Public Health
Seattle & King County

# Dhukkuba ijaa (Pinkeye)

**Kabajamaa Warra ykn Guddiftuu,**

**Waraqaan dhugaa kun isiniif kennamaa jira:**

- ☐ **Sababni isaas isin ykn daa'imni keessan dhukkuba ijaa (pinkeye)f saaxilamuu dandeessu.**
- ☐ **Odeeffannoof qofa.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Waa'ee Dhukkuba Ija (Pinkeye)

### Dhukkubni ijaa maali?

- Dhukkubni ijaa kun daa'imman irratti infeekshinii ijaa baay'inaan mul'atudha. Pink Aay jedhamee yaamama. Innis iitawa fo'aa haphii fi ifa ta'e kan qola ijaa keessaa fi naannoo adii ijaa irratti argamudha. Baakteeriyaa, vaayirasii fi alarjii (akka qinqinii bineensota manaa ykn dhukkee daaraa), ykn keemikaalaan qama nama akka dalanu godhu irraa kan ka'e ta'uu danda'a.
  - Dhukkubni ijaa vaayirasii fi baakteeriyaa qofatu salphaatti kan babal'atudha.
  - Dhukkubni ijaa alarjii fi keemikaalaa nama irraa gara namatti kan hin tarre yoo ta'u, xiyyeeffannoo xalayaa beeksisa kanaatii miti
- Dhukkubni ijaa baakteeriyaatiin dhufu Muddee hanga Eblaatti baay'inaan mul'ata.

### Eenyutu argachuu danda'a?

Namni kamiyyuu dhukkuba ijaa diimessuun qabamuu danda'a. Dhukkubni ijaa diimessu baakteeriyaatiin dhufu daa'immanii fi daa'imman umuriin isaanii guddaa ta'e irratti dhukkuba ija diimessu kan vaayirasii caalaa baay'inaan mul'ata.

### Mallattoowwan dhukkuba kanaa maalii?

- Baakteeriyaa:
  - Ijji (wwan) namaa diimaachu ykn halluu diimaatti dhiyaatu hooysisuu dhukkubu.
  - Dhangala'aa magariisa ykn keelloo xiqqoo caalaa.
  - Hirriba booda qolli ijaa walitti maxxanuu danda'a.
  - Ija tokko ykn lamaan keessatti uumamuu danda'a.
- Vaayirasii:
  - Ija(wwan) bifa diimatti dhihaatu, kan iita'e, bishaan kan qabu.
  - Ijji ifaaf miira qabaachuu danda'a.
  - Ija tokko qofa irratti dhiibbaa uumuu danda'a.
  - Mallattoowwan biroo kanneen akka bishaan funyaanii dhangala'uu, dhukkubbii qoonqoo fi dhukkubbii gurraa qabaachuu danda'u.

### Dhukkubni kun akkamitti babal'ataa?

- Baakteeriyaa fi vaayirasoonni dhukkuba ija diimessu fidan dhangala'aa ija nama dhukkuba kanaan qabame keessatti argamu.
- Karaan baay'inaan itti tamsa'u meeshaa ykn lafa vaayirasiin ykn baakteeriyaa irra jiru erga tuqxee booda harka hin dhiqamin ija tuquudha.
- Vaayirasoonni dhukkuba ija diimessu fidan cophaa qufaa, haxxiffannaa fi bishaan funyaanii dhangala'uu irraahis argamuu danda'u.

- Akkasumas kan babal’achuu danda’u:
    - Karaa wal qunnamtii dhuunfaa dhiyeenyaa, kan akka tuquu ykn harka wal fuudhuudhaan.
    - Meeshaalee dhuunfaa ijaan walitti dhiyeenyaan wal qunnaman kan akka haalluu, huccuu dhiqannaa, meeshaalee miidhaginaa ykn manzaraa ijaa waliif qooduun.
    - Namni dhukkuba ija diimessu vaayirasiitiin qabame yeroo qufa'u ykn haxxiffatu namni biraa immoo copha sana keessaa hafuuran olgachu.

---

## Daa’imni Kiyya Dhukkuba Ija Qabuu Akkamitti Beekaa?

Ogeessi fayyaa ija nama tokkoo ilaaluun dhukkuba ijaa adda baasuu danda’a.

**Yoo gaaffii dabalataa qabaattan ykn daa’imni keessan dhukkuba ijaa qaba jettanii yaaddoo qabaattan, ogeessa kunuunsa fayyaa keessan qunnamaa. Waraqaan dhugaa kun odeeffannoo waliigalaa qofa kenna.**

---

## Daa’ima Kiyya Dhukkubni Ija yoo qabewoo?

**Yoo daa’imni keessan dhukkuba ijaa qabaate hatattamaan ogeessa kunuunsa daa’ima keessanii ykn mana barumsaa duraa beeksisaa.**

### Akkamitti yaalama?

Ogeessi fayyaa sababa dhukkuba ijaa irratti hundaa’uun yaala hundarra gaarii ta’e murteessuu danda’a.

- Dhukkubni ijaa **baakteeriyaatiin** dhufu qoricha farra baakteeriyaatiin yaalama. Mallattoon dhukkubaa akka waliigalaatti wal’aansa erga jalqabanii guyyaa 2-3 booda ni fooyya’a.
- Dhukkubni ijaa **vaayirasii** farra baakteeriyaatiin hin fooyya'u.

### Dhukkubni ijaa akka hin babal’anneef akkamitti gargaaruu danda’aa?

- Harka yeroo baay’ee fi yoo xiqqaate sekondii 20f dhiqachuu. Saamunaa fi bishaan ho’aan yoo hin argamne harka qulqulleessuuf meeshaa alkoolii irratti hundaa’ee fi yoo xiqqaate alkoolii %60 of keessaa qabu fayyadamuu.
- Yeroo qufaatan ykn haxxifattan funyaan fi afaan keessan haguuggadhaa.
- Ija, funyaan, fi afaan kee tuquu irraa of qusadhu.
- Kubbaawwan jirbii ykn tishuuwwan dhangala’aa ija keessaa qulqulleessuuf gargaaran gatuudhaan booda harka keessan saamunaa fi bishaan ho’aan dhiqadhaa.
- Wantoota yeroo baay’ee harkaan ykn fuulaan tuqaman kan akka balbalaa, bilbilaa fi meeshaalee taphaa sirriitti qulqulleessi.
- Karaxiitiwwan makadda, ansoolawwan, huccuu dhiqannaa fi fooxaa namni dhukkuba ijaa qabu fayyadamu kamiyyuu bishaan ho’aa fi saamunaan, fe’umsa miiccaa namoota biroo irraa adda ta’een dhiqamuu qaba.
- Meeshaalee dhuunfaa kan akka fooxawwani, huccuu miiccaa, manzaraawwan ijaa fi meeshaalee miidhaginaa nama dhukkuba ijaa qabu waliin qooddachuu irraa fagaadhaa.

---

## Daa’imni Kiyya Kunuunsa Daa’immanii Irraa Mana Turuu Barbaachisaa?

**Lakki.** Daa’imman dhukkuba ijaa saaxilaman, ykn qabamuun isaanii adda baafame kunuunsa daa’immanii itti fufuu danda’u **yoo kanneen armaan gadii hin jirre ta’e:**

Public Health
Seattle & King County

- Mallattoolee dhukkuba ijaa vaayirasii biroo (funyaan dhangala'uu, dhukkubbii qoonqoo, dhukkubbii gurraa) waliin ho'a qaamaa (ho'i 100.40F [38oC] fi isaa ol) qabaatan.
- Daree keessatti hirmaachuuf miira gaarii dhabuu (fkn, dadhabbii akkaan hin baratamne dadhabuu, aaruu ykn wacu, ykn yeroo biraa caalaa boo'uu).

**Maaloo imaammata dhukkubaa sagantaa kunuunsa daa'immanii keessanii hordofaa.**
Sagantaan kunuunsa daa'immanii namoonni dhuunfaa dhangala'aan ijaa ba'e hanga bishaan bahu badutti ykn hanga daa'imni ogeessa eegumsa fayyaatiin madaalamutti kunuunsa daa'immanii irraa mana akka turan gaafachuu danda'a.

---


### Wabiiwwan:
American Academy of Pediatrics
- *Caring for our Children, Chapter 3 Health Promotion and Protection, 3.6 Management of Illness, 3.6.1 Inclusion/Exclusion Due to Illness*
- *Caring for Our Children Standard 7.5.1.1: Conjunctivitis (Pinkeye)*
- *Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 5th Edition. Pages 141-142*

Centers of Disease Control & Prevention
- *Conjunctivitis website https://www.cdc.gov/conjunctivitis/index.html*

Child Care Health Program – Public Health Seattle & King County
- *https://kingcounty.gov/depts/health/child-teen-health/child-care-health/disease-prevention.aspx. Disease Prevention Website*